ቀን: 23/03/18
Date

ቁጥር: DHAGUDO/ O/1249/448
Ref No

**Waajjira Kantiibaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatiif**

**Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatiif**

**Adaamaa**

**Dhimmi:- Komii Aadde Tsiggee Shifarraa irratti deebii akka kennitan gaafachuu ta'a.**

**Bu'uura Labsii Dhaabbata Abbagaar uummataa Hundeessuuf bahe lakk. 1142/2011 fi irra deebiin fooyyessuuf bahe lakk. 1307/2016 Aangoo fi gahee hojii kennameefiin namoonni miidhaan Bulchiinsaa nurratti raawwatameera jechuun komii dhiyeessan simatee qorachuu fi qulqulleessuun murtii/furmaata ni kenna**.

Bu'uuruma kanaan komattuun iyyata gaafa guyyaa 23/03/2018 A.L.I tti Dhaabbata Abbagaar Uummataa Waajjira Damee Oromiyaatiif barreeffamaan dhiyeessaniin jiraattuu Magaalaa Adaamaa Kutaa Magaalaa Abbaa Gadaa Aanaa Odaa ta'uu ibsuun mana jireenyaa lakk. 316 ta'ee fi kaartaa lakk. 023/91 ta'een beekamu yeroo dheeraaf keessa jiraachuun hojii daldaalaaf itti fayyadamaa ture bulchiinsi magaalichaa misoomaaf barbaadama jechuun akka diigamu ta'ee jira. Misooma magaalichatti hojjetamu kanan deeggaru ta'us manan hojii daldaalaaf kireeffadhee itti fayyadamu beenyaa gahaa ta'ee fi lafti bakka bu'insaa lafa kiyya waliin wal madaalu akkasumas ani qaama miidhamtuu ta'uunkoo fi hojjetadhee buluu kan hin dandeenye ta'uunkoo beekamee akka naaf kennamu gaafachaa tureen jira. Bu'uuruma kanaan lafti bakka bu'insaa mana jireenyaaf oolu bakka magaalaa irraa fagoo ta'ee fi hin misoomne akkasumas lafa narraa fudhatame waliin kan wal hin simne bakka siif buufne waan jedhanii fi tilmaamni beenyaa akka naaf kaffalamu murtaa'e mana ijaaruun hafee dallaa manichaa ijaaree xumursiisuu kan hin dandeenye waan ta'eef lafti lafa narraa fudhatame waliin wal madaaluu fi beenyaan qabeenya kiyya diigame waliin wal simuu danda'u akka bakka naaf bu'u komii kiyya irra deddeebiin Waajjira Kantiibaa Bullchiinsa Maagaalaa Adaamaa fi Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaatti iyyadhus furmaata dhabuun miidhaa bulchiinsaa ol'aanaaf saaxilameen jirra jechuun komii isaanii dhiyeessanii jiru.

Kanaafuu komii dhiyaate qorachuu fi qulqulleessuun murtii kennuun akka danda'amuuf komii dhiyaateef seeraa irratti hundaa'uudhaan guyyaa xalayaan kun isin qaqqabe irraa kaasee guyyoota hojii 5(shan) keessatti bu'uura labsii 1142/2011 fi lakk. 1307/2016 keew. 13(1) tiin deebii akka nuuf ergitan ni gaafanna.

Nagaa wajjin

Toleeraa Balaay Alamuu
ቶሌራ በላይ አለሙ
የመን/ተ/የህ/ጥ/አስ/በ/ኦ/ቅ/ምርምራ
ዴ/ኃላፊ

Ethiopian Institution of the Ombudsman Oromia Branch Office
የኢትዮጵያ ሕዝብ ዕንባ ጠባቂ ተቋም የኦሮሚያ ቅርንጫፍ ጽሕፈት ቤት

**G/G**

- Aadde Tsiggee Shifarraawutiif

**B/J**